[[Oromo]]

# Gaaffiiwwan Irra Deddeebiin Gaafataman (FAQs): MinnesotaCare

## MinnesotaCare jechuun maali?

MinnesotaCare namoota filannoo inshuraansii fayyaa gatii madaalawaa biroo hin qabnee fi Minnesota keessa jiraataniif inshuraansii fayyaa bal'aa bilisaan ykn baasii xiqqaadhaan ni dhiyeessa. Haalli immigireeshinii rakkoo hin qabu, haa ta'u malee warri iyyata dhiheeffatan daangaa galii fi seerawwan kan biroo guutuu qabu.

## Eenyuutu ulaagaa guuta?

Ulaagaa guutuu kan dandeessan yoo:

- Minnesota keessa kan jiraattan.
- Daangaa galii guuttan.
- Filannoo inshuraansii fayyaa kan biroo dhabuu. Yoo hojiin keessan inshuraansii fayyaa isiniif kenne, inshuraansii hojii keessan irraa argamu isiniif baay'ee mi'aa ta'e ammas ulaagaa guutuu dandeessu.

## Daangaan galii maal fa'a?

| Baay'ina miseensa maatii | Galiin waggaa qixa ykn isaa gadi |
|---|---|
| Nama 1 | $30,120 |
| Nama 2 | $40,880 |
| Nama 3 | $51,640 |
| Nama 4 | $62,400 |
| Nama 5 | $73,160 |
| Nama 6 | $83,920 |
| Nama 7 | $94,680 |
| Nama 8 | $105,440 |

## MinnesotaCare hagam naaf kaffala?

Miseensonni MinnesotaCare tokko tokko kaffaltii inshuraansii biilii, ‘premium’ jedhamu ji’a ji’aan isaaniif kaffalu. Maallaqni kaffaltii galii, baay’ina maatii fi baay’ina miseensota maatii kanneen saganticha irratti galmaa’an irratti hundaa’a.

Namoonni tokko tokko kan gonkumaa kaffaltii jiáa kaffaluun isaan hin barbaachifne:

- Ijoollee umuriin isaanii waggaa 21 gadi ta’e.
- Lammiilee Hindii Ameerikaa fi Dhalattoota Alaskaa fi maatii isaanii.
- Miseensonni waraanaa fi maatiin isaanii ji’oota 12f, dirqama sochii erga xumuranii booda ji’oota 24 keessatti ulaagaa kan guutan yoo ta’e.

Erga iyyattanii booda, MinnesotaCare argachuuf ulaagaa guutuu danda'uun keessan isinitti himama. Yoo kaffaltii Inshuuraansii kaffaluu kan qabdan ta’e, kaffaltiin ji’aa poostaadhaan isin qaqqaba. Sana booda inshuraansiin keessan akka jalqabuuf kaffaltii keessan jalqabaa kan ji'aa kaffaluu qabdu. Chaartii kana fayyadamuun kaffaltiin ji’aa keessan maal ta’uu akka qabu adda baafadhaa:

| Baay’ina maatii | Nama 1 | Nama 2 | Nama 3 | Nama 4 | Nama 5 | Nama 6 | Nama 7 | Nama 8 | Kaffaltii ji’aa ji’aani * |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Galii waggaa | Hanga $24,095 | Hanga $32,703 | Hanga $41,311 | Hanga $49,919 | Hanga $58,527 | Hanga $67,135 | Hanga $75,743 | Hanga $84,351 | **$0** |
| Galii waggaa | Hanga $25,601 | Hanga $34,747 | Hanga $43,893 | Hanga $53,039 | Hanga $62,185 | Hanga $71,331 | Hanga $80,477 | Hanga $89,623 | **$4** |
| Galii waggaa | Hanga $27,107 | Hanga $36,791 | Hanga $46,475 | Hanga $56,159 | Hanga $65,843 | Hanga $75,527 | Hanga $85,211 | Hanga $94,895 | **$9** |
| Galii waggaa | Hanga $28,613 | Hanga $38,835 | Hanga $49,057 | Hanga $59,279 | Hanga $69,501 | Hanga $79,723 | Hanga $89,945 | Hanga $100,167 | **$15** |
| Galii waggaa | Hanga $30,119 | Hanga $40,879 | Hanga $51,639 | Hanga $62,399 | Hanga $73,159 | Hanga $83,919 | Hanga $94,679 | Hanga $105,439 | **$21** |

| | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Galii waggaa | Qixa $30,120 ykn isaa gadi | Qixa $40,880 ykn isaa gadi | Qixa $51,640 ykn isaa gadi | Qixa $62,400 ykn isaa gadi | Qixa $73,160 ykn isaa gadi | Qixa $83,920 ykn isaa gadi | Qixa $94,680 ykn isaa gadi | Qixa $105,440 ykn isaa gadi | **$28** |

*Hanga kaffaltii inshuuraansii fayyaa kan ji'aa hanga Muddee 2025tti

Sababa seera federaalaatiin kaffaltiin ji'aa hanga Muddee 2025tti yeroodhaaf gadi bu'eera. Namoonni baay'een hanga kaffaltiin kun bara 2026tti gara kaffaltii duraan turetti deebi'utti kaffaltii inshuraansii kan ji'aanii hin kaffalan. Hanga kaffaltii inshuraansii kan bara 2026 ilaaluuf mn.gov/dhs/minnesotacare daawwadhaa.

Miseensonni MinnesotaCare tokko tokko kaffaltii yaalaa isaanii keessaa gar tokko kaffalu. Qoodinsi baasii kun kaffaltii waliinii (copay) jedhama. Innis maallaqa murtaa'aa tajaajila eegumsa fayyaa murtaa'eef of harkaa kaffaltaniidha.

Namoonni tokko tokko kaffaltii waliinii (copay) gonkumaa hin qaban:

- Ijoollee umuriin isaanii waggaa 21 gadi ta'e
- Namoota ulfaa
- Lammiilee Hindii Ameerikaa Gosa beekamtii federaalaa qabu keessatti galmaa'an
- Lammiilee Hindii Ameerikaa kanneen tajaajila dhiheessii kunuunsa fayyaa Hindii irraa ykn karaa rifaralaa Tajaajila Fayyaa Hindii irraa argatan

MinnesotaCare tajaajila bal'aa kunuunsa ittisaa, kunuunsa idilee, kunuunsa addaa fi kunuunsa hatattamaa kan haammatuudha. Tajaajiloonni harki caalaan kaffaltii waliinii (copay)hin qaban. Fakkeenyaaf:

- $0 Kunuunsa ittisaa, kanneen akka qorannoo fayyaa kan waggaa, qorannoo kaansarii, fi talaalliidhaaf
- $0 baqaqsanii hodhuu mana yaalaa deddeebi'anii yaalamaniif
- $0 Meeshaalee yaalaa yeroo dheeraaf turan, kanneen akka barcuma konkolaatuuf, namoota miillaan deemaniif, meeshaalee oksijiinii ykn meeshaa qorannoo dhiigaa dhukkuba sukkaaraatiif
- $0Daawwannaa ilkaaniitiif
- $0 Qorichoota fayyaa sammuu tokko tokkoof

Kaffaltii waliinii (copays)  MinnesotaCare:

- $25 Qorichoota maqaa daldalaatiin hojjetamaniif  ykn  $10 qoricha jeneerikii ta'eef ji'atti yoo baay'ate $70
- $28 daawwannaa waajjira doktoraaf
- $100 daawwannaa kutaa balaa tasaatiif  ( $0 Copay yoo daawwannaan ER hospitaala ciisuu fide )
- $250 seensa hospitaalaa kan yaalamaatiif
- $45Tajaajilawwan raadiyooloojiif daawwannaa tokkoof , kan akka raajii  (X-rays)
- $10 Kishaafa ijaa tokkoof

### MinnesotaCare kaffaltii yaalaa kan ji'a darbee irraa eegaleetu kaffalaa?

Lakkii. Haalli kaffaltii MinnesotaCare duubatti hin deebi'u. Innis kan jalqabu ji'a ulaagaa guutuu qabaachuun keessan murteeffame booda yoo ta'u, yoo qabaattan ammoo kaffaltii inshuuraansii kan kaffalu ta'a.

### Yeroon xumuraa galmaa'uuf murtaa'e jiraa?

Yeroon xumuraa galmaa'uuf kaa'ame hin jiru. Iyyannoowwan 24/7/365 fudhatama qabu.

### Deeggersa MinnesotaCare Amajjii 1, 2025 akkan jalqabuuf galmaa'uu kanan danda'u yeroo dhiyoon yoomi?

Hanga Muddee 6tti karaa toora interneetii akka iyyattan isin gorsina. Akkasumas kaffaltii barbaachisu kamiyyuu Mudde 31, 2024 sa'aatii laaqanaa dura karaa toora interneetii, bilbilaan ykn qaamaan argamaatii kaffalaa.

### Daangaan lakkoofsa galmee ni jiraa?

Lakkoofsi namoota galmaa'uu danda'an irratti daangaan hin jiru.

### Akkamittan iyyata dhiheeffachuu danda'a?

### Akkamittan iyyachuu danda'a?

- **Tokko-tokkoon gargaarsa (one-on-one help)**: Gargaarsa bilisaa ogeessa hawaasa keessan irraa argadhaa. Navigaateroonni MNsure ragaa qaban adeemsa kana hunda keessatti isin gargaaruu danda'u. Gaaffii keessaniifis deebii ni kennu. Navigeetara afaan keessan dubbatu mnsure.org/free-help irratti barbaadaa. Akkasumas gargaarsa afaan keessaniif 651-539-2099 ykn 855-366-7873 irratti bilbiluu dandeessu.
- **Toora Interneetii**: Toora interneetii mnsure.org irratti iyyadhaa. Akkaawuntii galmaa'uu isin barbaachisa, ykn yoo duraan qabaattan ammoo seenuu qabdu. *Hubachiisa: Yoo ijoolleen keessan ykn miseensonni maatii kan biroo duraan Medical Assistance ykn MinnesotaCare keessatti kan galmaa'an ta'e, iyyata haaraa hin dhiheessinaa. Gargaarsa argachuuf nama navigeetara ykn kaawuntii keessanitti bilbilaa.*
- **Unka waraqaa**: Iyyata waraqaa guutaa, kaawuntii keessanittis galchaa. Iyyata waraqaa mn.gov/dhs/minnesotacare irraa barbaadaa ykn iyyannoo waraqaa argachuuf gargaarsa navigeeteraa gaafadhaa.
- **Yoo ijoolleen keessan ykn miseensonni maatii keessanii kan dhiyoo duraan Medical Assistance ykn MinnesotaCare qabaatan**: Gargaarsa inshuraansii gaafachuuf gara navigeetara ykn kaawuntii keessaniitti bilbilaa. Toora interneetii irratti hin iyyatinaa ykn iyyata haaraa hin erginaa – inshuraansii ijoollee keessaniitiif siistema keessatti durumaanu keezii qabdu.

## Iyyachuuf maaltu na barbaachisa?

- Lakkoofsa Wabii Hawaasummaa (SSN) nama mana keessan keessa jiru keessaa kan qabu kamiyyuu.
- Odeeffannoo sanadoota immigireeshinii irraa yoo qabaattan.
- Odeeffannoo hojjechiisaa fi galii maatii keessan keessaa nama hundaaf (fakkeenyaaf, kaffaltii mindaa, unka W-2, ykn ibsa mindaa fi gibiraa irraa).
- Lakkoofsa imaammataa inshuraansii fayyaa yeroo ammaa kamiyyuu.
- Odeeffannoo waa'ee inshuraansii fayyaa hojiin walqabatee maatii keessaniif jiru kamiyyuu.

## Galii koo akkamittan mirkaneessuu danda'a?

Hojjettoonni maddoota elektirooniksii amanamoo ta'an fayyadamuun galii mirkaneessuuf yaalu. Galiin karaa elektirooniksii mirkanaa'uu kan hin dandeenye yoo ta'e ammoo, namni tokko ragaalee kanneen akka:

- Koppii ibsa gibiraa dhiheenya kana galmaa'e
- Copies of paystubs or a written statement from the employer Koppiiwwan kaffaltii mindaa ykn ibsa barreeffamaa hojjechiisaa irraa kenname
- Yearly Income Statement (DHS-7117)

Galiin yeroo iyyannoo mirkanaa'uu hin dandeenye yoo ta'e ulaagaa guutuun lafara hin harkifamu. Namni tokko guyyaa 95 keessatti ragaa galii akka dhiheessuuf beeksisa barreeffamaan ni argata

## Lakkoofsa Wabii Hawaasummaa na barbaachisa?

Lakkoofsa Wabii Hawaasummaa (SSN) yoo namni tokko qabaate kennamuu qaba, garuu namni SSN hin qabne tokko iyyachuun dirqama miti.

Nama deeggersaaf iyyachaa hin jirre irraa hin barbaachisu. Haa ta'u malee, miseensota maatii SSN qaban hundaaf SSN kennuudhaan adeemsa iyyannoo saffisiisuu danda'a.

## Ijoolleen koo duraanuu Medical Assistance yoo qabaatan hoo?

Gargaarsa inshuraansii gaafachuuf navigeetara ykn kaawuntii keessanitti bilbilaa. Toora interneetii irratti iyyata hin godhinaa ykn iyyata haaraa hin erginaa – inshuraansii ijoollee keessaniitiif sirna keessatti duraanuu keezii ni qabdu.

## Emergency Medical Assistance yoon qabaadhe hoo?

MinnesotaCare argachuufis ulaagaa guutuu dandeessu. Yoo EMA yeroo dhiyootti dhufaa jiru qabaattan maal gochuu akka qabdan odeeffannoo dabalataa ilaalaa.

# Akkamittan gargaarsa argachuu danda'a?

### Gaaffiiwwan koo fi iyyachuudhaaf gargaarsa argachuu kanan danda'u akkamitti?

Shariikonni hawaasaa amanamoo ta'an kanneen navigeetaroota jedhaman MinnesotaCare bilisaan akka iyyattaniif isin gargaaruu danda'u. Hawaasa keessan keessatti navigeetara MNsure-certified kan afaan keessan dubbatu mnsure.org/free-help irratti barbaadaa. Akkasumas, gargaarsa afaan keessaniif gara 651-539-2099 ykn 855-366-7873 irratti bilbiluu dandeessu.

### Namni tokko gaaffii immigireeshinii MinnesotaCare wajjin walqabatu irratti na gargaaruu danda'aa?

DHS gaaffii yoo qabaattan abukaatoo waliin akka wal qunnamtan gorsa. Gorsi seeraa bilisaa fi iccitii ta'e afaan Ingiliffaa, Ispeen, Somaalee fi afaanota birootiin ni argama:

**Mid-Minnesota Legal Aid**
**800-292-4150**

**Southern Minnesota Regional Legal Services**
**651-222-5863**

Akkasumas namoota galii gad aanaa qabaniif gargaarsa seeraa lawhelpmn.org/providers-and-clinics irraa argachuu dandeessu.

# Erga ani ulaagaa guutee booda maaltu ta'a?

### Deggarsi koo yoom eegala?

MinnesotaCare'f erga mirkanaa'ee booda, kaffaltii inshuraansii yoo qabaattan kaffaltii keessan erga kaffaltanii ji'a booda kan jalqabu ta'a. Yoo kaffaltiin biilii premium keessanii $0 kan agarsiisu ta'e, inshuraansiin ji'a isa itti aanuutii eegala.MinnesotaCare namoota waraqaa ragaa hin qabneef Amajjii 1, 2025 dura hin eegalu.

### Akkamittan kaffaltii ji'aa kiyyaa kaffala?

Biilii keessan kaffaluu kan dandeessan:

- Karaa Toora Interneetii (Online)
  - payments.dhs.state.mn.us. daawwadhaa.
  - Menuu keessaa MinnesotaCare filadhaa.
  - Lakkoofsa keezii keessanii, lakkoofsa biilii/nagahee fi hanga herregichaa guutaa.
  - Kireedit Kaardii (VISA ykn MasterCard) ykn herrega cheekiitiin elektirooniksiin baasuudhaan kaffaluu dandeessu.
- Bilbilaan
  - 800-657-3672 bilbilaa. Galmaa'uuf "Filannoo 1" filadhaa, kaffaltii raawwachuuf ammoo "Filannoo 1" irra deebi'ii filadhaa.

- Lakkoofsa keezii keessanii, lakkoofsa biilii/nagahee fi hanga herregichaa isin barbaachisa.
- Kireedit Kaardii (VISA ykn MasterCard) ykn herrega cheekiitiin elektirooniksiin baasuudhaan kaffaluu dandeessu.

- Iimeeliidhaan
  - Kaffaltiin keessan guyyaa kaffaltiin keessan biilii/nagahee irratti akka dhufuuf yeroo gahaa hayyamaa.
  - Cheekiidhaan ykn ajaja maallaqaatiin kaffaluu dandeessu. Maallaqa poostaadhaan hin erginaa. Lakkoofsa keezii keessanii cheekii keessan irratti ykn ajaja maallaqaa keessanii irratti barreessaa.
  - Kaffaltii keessan waraqaa kaffaltii waliin poostaadhaan kan ergitan gara:

    MinnesotaCare
    PO Box 64834
    St. Paul, MN 55164-0834

- Qaamaan
  - Waajjira MinnesotaCare giddugala magaalaa St. Paul keessatti argamutti Wixata hanga Jimaataatti, 8 a.m. to 4 p.m.tti kaffaltii keessan kaffalaa:


    Elmer L. Andersen building
    540 Cedar St.
    St. Paul, MN

  - Maallaqaan kaashii, cheekiin ykn ajaja maallaqaatiin kaffaluu dandeessu. Yoo kaashiidhaan maallaqa kaffaltan maallaqa hanga sirrii kaffaluu qabdu.
  - Waajjiraaleen kaawuntii kaffaltiiwwan MinnesotaCare hin fudhatan.

MinnesotaCare qabachuu itti fufuuf,  ji’a ji'aan kaffaltii biilii kaffaluu qabdu. Ji'a ji'aan naannoo guyyaa 15tti raawwatamuu qaba. Kaffaltiin sa’aatii 5 p.m. booda ykn guyyaa ayyaanaa ykn dhuma torbaniitti guyyaa hojii itti aanutti ni fuudhama.

## Inshuraansii MinnesotaCare kiyyaa akkamittan fayyadamuu danda’a?

Kaardii inshuraansii keessan poostaa keessatti barbaadaa. Waraqaan eenyummaa Minnesota Health Care Programs keessanii akkas fakkaata:




Inshuraansii fayyaa qabdu jechuudha. Yeroo tajaajila eegumsa fayyaa argattanitti agarsiisaa.

Torbanoota lama keessatti waraqaa eenyummaa yoo **hin arganne, iyyata kan biroo hin galchinaa**. Gara Health Care Consumer Support kan bilbiltan:

8 a.m. to 4 p.m., Wixataa-Jimaata
651-297-3862 or 800-657-3672
Warra Afaan Ingiliffaa xiqqoo beekan ykn homaa hin beekneef tajaajilli turjumaanaa bilisaan ni jira.

Namoonni galmaa'an tokko tokko inshuraansii MinnesotaCare isaanii karaa health plan ni argatu. Karoorri fayyaa kanneen akka:

- Blue Plus
- HealthPartners (Shariika Fayyaa)
- Hennepin Health (Fayyaa Hennepin)
- Itasca Medical Care - IMCare
- Medica
- PrimeWest Health
- South Country Health Alliance
- UCare

Yoo miseensa karoora fayyaa taataan, waraqaa eenyummaa kan biraa poostaadhaan ni argattu, inni kunis karoora fayyaa kee irraati

## Doktoorotaa fi manneen qorichaa akkamiin dhaqu danda'a?

Tajaajila baay'eedhaaf gara doktoorota, ogeeyyii ilkaanii fi dhiheessitoota biroo kanneen neetworkii karoora fayyaa keessanii keessa jiran bira deemuun dirqama. Hojjetaan tajaajila miseensotaa kan karoora fayyaa keessanii dhiheessaa akka argattaniif isin gargaaruu danda'u. Yoo ogeessa fayyaa ilaaluun isin barbaachise, karoora fayyaa keessan qunnamuudhaan osoo hin deemin dura rifaraalli yoo isin barbaachisa ta'e gaafadhaa.

Yoo miseensa karoora fayyaa hin taane, deeggersa “kaffaltii-tajaajilaaf” kan jedhamu ni qabaattu. Kana jechuun gara hakiima, ogeessa ilkaanii ykn dhiheessaa kan biroo kamiyyuu kan Galmee Dhiheessitootaa keessa jiru mhcpproviderdirectory.dhs.state.mn.us. irratti ilaaluun deemuu dandeessu. Dhiyeessitoonni kun marti inshuraansii keessan fudhatu. Akkasumas gargaarsa dhiheessaa argachuuf gara gargaarsa bilbilaa Health Care Consumer Support bilbiluu dandeessu..

## Yoon MinnesotaCare argachuuf ulaagaa kan hin guunne ta’e maal gochuun danda’a?

Yoo deeggersa barbaaddanii fi inshuraansii ammoo kan hin qabne ta’e, ammallee filannoo ni qabdu.

Medical Assistance nama ulfa ta’e kamiifuu ni argama (is available to any pregnant person), haala immigireeshinii osoo hin ilaaliniifi da’umsaan booda ji’oota 12f, ykn erga da'umsaatiin booda kan argamu ta’a. Namoota Giddugala Miidhamtoota Dararaamaa (CVT) keessatti tajaajila argataniif Medical Assistance ni kennama. Yoo waraqaa ykn iyyata toora interneetii keessan irratti ulfa ta’uu keessan ykn CVT irratti tajaajila akka argattan agarsiiftan, ulaagaan Medical Assistance keessanii tarkaanfii dabalataa gama keessaniin osoo hin fudhatamiin ni murtaa’a.

Seerota Emergency Medical Assistance darbuu dandeessu. Sagantaan kun namoota tokko tokkoof kutaa balaa tasaa keessatti ykn hospitaala keessatti yeroo kutaa balaa tasaa irraa seenan kunuunsa hatattamaatiif ni kaffala.

Dandeettii kaffaltii keessan osoo hin ilaalin Giddugala Fayyaa Minnesota irraa kunuunsa fayyaa argachuu dandeessu. Buufata fayyaa naannoo keessan jiru mnhealthcenters.org/find-healthcare irratti barbaadaa.

Akkasumas karaa Sagantaa Nageenya Insuliinii Minnesotaatiin insuliinii gatii xiqqaadhaan argachuuf ulaagaa guutuu dandeessu. Caalmaatti mninsulin.org irratti baradhaa.